


QORUMSA BOODA

KARRA DIINAA DHAALUU

 Ajaa'ibadha...Beektuu, yaada xiqqoon qaba, akka, namoonni yeroo Sagalee dubbisnu dhaabbatan. Isin sana hin jaallatanii? Waadaa galuuf ni dhaabbanna, saba keenyaaf ni dhaabbanna, amma Sagalee Waaqayyoo maaliif hin dhaabbannuree?

² Daqiiqaa tokkoof osoo dhaabannee jirruu. Barreeffama tokkon dubbisaa ture, yeroo dheeraa dura miti, halkan edaa namoota Kiristoosiif dhaabbatan yaadaan ture. Yoo dhaabachaa'ii hin jirtu ta'e, har'a hin dhaabattuufii?

³ Lallabaa wangeela guddaa tokkotu ture, gara waggaa torbaatamii shanii dura, maqaa isaa hin yaadadhu. Aartar Maakoy dha jedheen yaada, inni biyya baay'ee deemee ture. Halkan tokko ol gara Ulfinaa akka deeme abjuu arge. Gara Balbalaa yeroon gahu, ol na galchuu didan jedhe. Akkas jedheen jedhe, "Ani Aartar Maakoy Ameerikaa irraati. Ani lallaba wangeelaa ti."

⁴ Eegduun sunis ol seenee, (kun egaa abjuu ture), ol seenee, "Maqaa kee tasuma argachuu hin dandeenye" jedhe.

Innis, "Tole, ani lallabaa wangeelaati" jedhe.

Innis, "Gooftaako, Ani . . ."

⁵ Akkas jedheen, "Tole, carraan biraa jiraa...Wanti dogoggora ta'e jira."

⁶ Innis, "Lakkii gooftaa ko. Kitaaba kana asii qaba. Maqaa kee tasuma argachuu hin dandeenye" jedhe.

Innis, "Tole, kanaaf waanan gochuu danda'u jiraa?" jedhe.

⁷ Innis, "Dhimma kee Teessoo Firdii Adii irratti ol'iiyannoo dhiyeffachuu dandeessa" jedhe. Waaqayyo, na gargaari. Ani achitti argamu hin barbaadu.

⁸ Innis, "Tole, abdiin koo kana qofa yoo ta'e, ol'iiyannoo nan dhiheeffadha jedheen tilmaame" jedhe.

⁹ Sana booda waan an karaa dheeraa deeme natti fakkaata jedhe, qofa . . . Yeroon deemsa jalqabus, dukkana ture, ifaa ifaa dhufe jedhe, bakki murtaa'aan Ifni kun itti dhaabbatu waan hin jirre fakkaata, garuu Ificha gidduun jira jedhe. Innis akkas naan jedhe, "Eenyutu Teessoo Firdii Koo duratti dhiyaate?" jedhe.

¹⁰ Innis, "Ani Aartar Maakoy dha. Ani lallabaa wangeelaa ti, lubbuu hedduu gara Mootummaa keetti fideera" jedheen.

Innis, "Maqaan kee Kitaaba irratti hin argamnee?" jedhe.

“Lakki.”

“Sana booda Mana Murtii Kootti ol iyyannoo dhiheeffattee?” jedhe.

“Eeyyee, gooftaako.”

¹¹ “Haqa ni argatta. Seera kootiin sittan murteessa. Aartar Maakoy, soba dubbattee beektaa?”

¹² Innis, “Hangan Ifa sana keessa dhaabadhutti nama baay’ee gaariin ofitti fakkaadha ture” jedhe. “Garuu Fuula Ifa sanaa keessatti, cubbamaan ture” jedhe. Hundi keenya akkas taana. Amma nageenyi sitti dhaga’amuu danda’a, garuu hanga Achi dhufuttu eegi. Asitti yeroo Inni si dibu maaltu sitti dhaga’ama jettanii yaaddu? Xiqqummaan hagam sitti dhaga’amuu danda’a! Teessoo Firdii Adii sanarratti immoo maal ta’a?”

Innis, “Soba dubbattee beektaa?” jedhe.

¹³ Innis, “Dhugaan dubbadha jedheen yaada, garuu wantootni xixiqqoo muraasi soba adii natti fakkaatan, achitti guguddaa fi dukkanaa’oo ta’an” jedhe.

Innis, “Eeyyee gooftaako soba dubbadheera” jedhe.

Innis, “Hattee beektaa?” jedhe.

¹⁴ Innis, “Waa’ee kanaa waanan amanamaa ta’e natti fakkaata ture, hatees hin beeku,” garuu akkas jedhe, “Fuula Ifa sanaatti, waliigalteewwan ani—ani lafarra harkise tokko tokko, sirrii akka hin taanen hubadhe.”

Innis, “Eeyyee, gooftaako, hateera” jedhe.

Innis, “Firdiin koo . . .”

¹⁵ Innis murtii isaa dhaga’uuf qophaa’e, “Gara ibidda bara baraa isa Seexanaa fi ergamoota isaatiif qophaa’ee deemi,” yeroo jedhu lafeen hundi addaan na ba’uu eegale.

¹⁶ Akkas jedhe, “Sana booda sagalee mi’aawaa jireenya koo keessatti dhaga’e hunda caalun dhaga’e.” Akkas jedhe, “Yeroon garagalee ilaalu, fuula bareedaa ani arge hunda caalaa bareedun arge; fuula haadha caalaa bareedu, sagalee haati koo ittiin na waamtu caalaa mi’aawu dha.” Akkas jedhe, “Anis naannoo koon ilaale. Sagalee akkas jedhun, dhaga’e, ‘Abbaa, kun dhugaadha, soba dubbateera akkasumas amanamaa hin turre. Garuu, biyya lafaa irratti Anaaf dhaabbateera,’ jedhe, ‘amma Ani immoo bakka isaa nan dhaabadha’ jedhe.”

¹⁷ Kun achitti akka naaf ta’u nan barbaada. Amma Isaaf dhaabbachuun barbaada, sun, yeroo sa’atiin sun dhufutti, Inni immoo bakka koo dhaabbata.

¹⁸ Mee Seera Uumamaa 22: 15ffaa, 16ffaa, 17ffaa, fi 18ffaa irraa haa dubbifnu.

Ergamaan Gooftaa bantii waaqaa keessaa si’a lammaffaa guddisee Abrahaamiin waame.

Akkas jedhe itti dubbate, Ani maqaa kootiin kakadheera, jedha Gooftaan, ati kana waan gooteef, ilma kee isa tokkicha, anaaf waan hin mararsifatiniif:

Ani eebba kootiin sin eebbisa, . . . sanyii kees guddisee nan baay'isa akka urjoota waaqaa, akka cirracha qarqara galaanaas; sanyiin kees karra kellaa diinota isaa qabatee, mandaroota isaanii kan isaa in godhata;

Ati waan anaaf abboomamteef; sabni biyya lafaa irraa hundinuu sanyii keetiin in eebbifamu.

Mee haa kadhannu.

¹⁹ Abbaa keenya waaqarra jirtuu, Gooftaa, amma dubbi kanaan, nu tajaajili. Yaa Gooftaa, Hafuurri Qulqulluun Sagalee kana fuudhee, gara laphee hundumaatti haa geessu. Waaree kana kan nuti eeggachaa jirru waan guddaa dha, Gooftaa, Ati nuuf guuti. Gammachuun keenyas guutuu akka ta'uuf, baay'inaan kadhadhaa nuun jetteetta. Maqaa Yesuusiin si kadhanna. Ameen.

Taa'uu dandeessu.

²⁰ Yoon yeroo muraasaaf, lallaba kanaaf mata duree kenne. Sagaleen koo waan laafeef, maaykiraafoonii bira dhaabbachuun qaba. Deebi'anii jabaachuun akka jiru nan beeka, garuu yeroo xiqqoof rakkanna. *Qorumsa Booda Karra Diinaa Dhaaluu:* jechuun barbaada.

²¹ Taatee keenya taatee Abrahaam keessaa baay'ee dinqisiisaa kan ta'e tokko irratti eegalla. Abrahaam abbaa amantii akka ta'e ni beektu. Kakuun Abrahaamiif galame. Karaa Kiristoos, isaa wajjin dhaaltota ta'uu qofa, karaa tokkichi kakuu sana ittiin dhaallu, karaa Abrahaam qofa. Amma, Abrahaam nama akkasumaanii ture, garuu kan Waaqayyoon waamamee waamicha sanaaf immoo amaname dha. Waaqayyo yeroo itti dubbatu, Abrahaam takkaa Sagalee sana shakkee hin beeku. Amanee eeggate. Wanti ulfaataan kamiyyuu yoo jiraate, amantiidhaan ture.

²² Sana booda ilma akka argatu kakuun galameef. Waan faallaa isaa ta'e akka waan hin taaneetti lakka'ee, ilma sana argachuuf waggaa digdamii shan eege. Kunis, karaa ilma kanaan, maatiin lafaarraa hundi akka eebbifamani dha. Paatriyaarkichis waamicha isaa fi Sagalee kakatameef amanamaa ture.

²³ Waan nuti ta'uu qabnuuf fakkeenya ture. Amma nuti, Kiristoosiin keessatti kan duune gaafa taanu, Sanyii Abrahaami dha.

²⁴ Amma, sanyiin Abrahaam lamatu jiru. Tokko sanyii uumamaati; kaan immoo Sanyii hafuuraati. Isaan keessaa tokko karaa foon isaa, uumamaan ture; inni biraan immoo Sanyii

amantii isaa ture, amantii, nutis Sagalee kakatameen Sanyii Abrahaam akka taanuuf.

²⁵ Egaa waggoota dheeraa digdamii-shaniif erga qoramee booda, hamma dadhabaa deemuu qabu, cimaa deeme. Hubadhaa, waggaa jalqabaa yoo hin taane, waggaa itti aanutti dinqii guddaadhaan ta'a, sababiin isaas waggaa lama waan tureef. Umuriin isaa dabalaa, qaamni isaas du'aa, waggoota hamma sana lakkoofsise. Gadameessi Saaraa, gadameessi, ishee kan dhala hin godhanne ta'eera. Kanaaf humni isaa badeera, kan tures . . . Guutummaatti hin danda'amu.

²⁶ Waan Waaqayyo godhe yaaddanii beektuu? Ilaalaa, gadameessi ishee qofaan akka dhala godhatu hin goone. Sababni isaas, yaadadhaa, yoo akkas godhe, yoo akkas godhe sana booda yaadadhaa . . . isaan xuuxxoo fayyaa fi qulqullinaa qabu kana, aannan sa'aa irraa, daa'imaaf kennuuf, bara isaaniitti, hin qaban turan. Argitanii? Akkasumas . . . Hiddi aannan ishee gogeera. Kanaaf Inni—Inni godhachuu hin danda'u . . . Waan tokko ta'uu qaba.

²⁷ Achiis, dubartii waggaa dhibbaa, ciniinsuun qabu ilaalaa. Silaa onneen ishee hin dandamatu. Dubartii waggaa afurtamaaf, ammayyuu kana gochuun rakkisaadha. Lapheen ishee dandamachuu hin danda'u. Kanaafuu waan Inni godhe beektuu? Yoo hubattan . . .

²⁸ Namoonni baay'een walii galuu dhiisuu akka danda'an nan beeka. Kana ibsa gochuun yoo sirrii ta'e? Ilaalaa, Ani . . . Silaa yaada koo qofa ta'a ture.

²⁹ Hubadhaa, Macaafni Qulqulluun Kitaaba uumamaa ol ta'eedha. Inni mana barnootaa, ti'ooloojota jalaa akka dhokatutti barreeffame. Meeqatu kana beeka? Yesuus Waaqayyoon galateeffate. Innis, “Yaa Abbaa, Sin galateeffadha, isa kana warra ogeessotaa fi hubatoota jalaa dhoksitee, akka barataniif wallaalotatti mul'ifte” jedhe. Inni Kitaaba jaalalaati. Gaafa jaalalli Waaqayyoo gara laphee keetti dhufu, jaalala Waaqayyoon qabamta, sana booda inni ofiisaa sitti mul'isa, hiika Macaafa Qulqulluu. Hiikkaan Macaafa Qulqulluu Waaqayyo ofii isaatii kakuu isaa hiikuu dha. Garuu, Macaafni Qulqulluun, sarara gidduutti barreeffame.

³⁰ Amma, akka haadha manaa koo, ooh, isheen dubartoota addunyaa hunda keessaa ajaa'iba, baay'een ishee jaalladha. Isheenis na jaallatti. Kanaaf yeroon manaarraa fagaadhu, akkas jettee xalayaa naaf barreessiti, “Kabajamaa Biil, galgala kana ijoollee raffiseera. Harra dhiqadheera,” waan hojjette hundumaa fi kkf. Xalayaa irratti akkas jetti. Garuu, argitanii, baay'een ishee jaalladha, hanga an—an sarara gidduutti ishee dubbisuu danda'utti, sirriitti tokko taaneerra. Natti himtes dhiistes, ilaalaa, waan isheen jechuu barbaaddu nan beeka, ilaalaa. An—

an maal jechuu akka isheen barbaadde nan beeka, sababni isaas jaalala ani isheef qabuu, fi hubannoo kooti.

³¹ Tole, Macaafni Qulqulluun akkasitti barreeffame. Argitanii? Is—iskoolaarshiiPONNI irra irra isaarra dubbisu; gonkumaa bira gahuu hin danda’an. Ilaalaa, Isa, “Isa beekuuf,” jaalala Sagalichaatiin qabamuu qabdu. Agartanii?

³² Amma, amma as irratti, waan Inni hojjete ilaalaa. Abrahaamii fi Saaraan lamaan isaanii iyyuu dulloomaniiiru, “lafa-guuraniiiru,” jedha Macaafni Qulqulluun. Isaan namoota yeroo dheeraaf achi jiraatan waan ta’aniif qofa miti. Macaafni Qulqulluun, “Umriin isaanii lafa-guureera” jedha.

³³ Amma hubadhaa, battala Ergamaan kun itti mul’ateen booda, waa’ee isaa kan dubbachaa jirru; isa Eeloohiim, Waaqayyo ta’e dha. Innis Abrahaamiin, akkas jedhe, “Bara eger yoowwana si yaadachuufan jira.” Amma hundumaa tartiibaan ilaalaa, isaan karaa hundumaan, gaaddidduu Waldaa turan.

³⁴ Amma ilaalaa. Wanti ta’e kana. Amma, Inni lafaa ka’eema qofa Saaraa hin yaadanne, Abrahaamiinis hin yaadanne. Gara dargaggeessa fi dargaggeettiitti deebise. Amma kun waan keessummaa fakkaachuu danda’a, garuu Sagalee isa hafes ilaalaatii, walitti fidaa. Sagalichi hafuuraan kan kenname dha, isinis immoo hafuuraan Sagalee sanaa wajjin ta’uu qabdu. Amma, yaadadhaa, battala sana booda, battala Ergamaan kun mul’ateen booda. . .

³⁵ Kan natti mul’atu, rifeensa Saaraa isa harrii, jaartii xiqqoo gateettii ishee irra shaarbii buufattee, qoobii hawwaaraa godhattee, ulee qabattee, naanna’aa jirtu dha. “Anatu, sichi gooftaa koo waliin gammadaa, akkasuma, innis dulloomeera?” Argitanii? Abrahaam immoo kunoo, nama areeda dheeraa, ulee qabatee, akkuma jirutti, umuriidhaan kan lafa-guure dha.

³⁶ Kan natti mul’atu, ganama itti aanutti, gatteettiin isaa yeroo ol jechuu jalqabu, goophi dugda isaa keessaa yeroo ba’u dha. Rifeensi ishees deebi’uu jalqabeera. Gara dargaggeessa fi dargaggeettiitti deebi’an. Inni waan Sanyii Mootii Abrahaam irratti gochuuf deemu agarsiisuu qofaaf, hubadhu, Yeroo nuti “battalatti, hamma libsuu ijaatti jijjiiramnee, walii wajjin ol butamnu.”

³⁷ Maal akka ta’e ilaalaa. Mee kanan siif mirkaneessa. Isaan iddoo turan sana irraa, Gomoraatti imala godhan; hamma Geeraar, biyya Filisxeemotaatti gadi bu’an. Hubattaniittuu? Hangam akka fagaatu, kaartaa irra ilaalaa. Jaalalleewwan dulloomoo umurii sana ta’aniif imala guddaa dha.

³⁸ Sana booda, sanaan alatti, biyya Filisxeem sana keessa—keessa mootii dargaggeessa Abimelek jedhamu tokkotu, haadha manaa barbaadaa ture. Shamarran Filisxeemotaa babbareedoo sana hundumaa osoo qabuu, jaartii yommuu argu garuu, “baay’ee bareeddi” jedhe, akkasumas jaalala isheen kufee

fuudhuu barbaade. Kun sirrii dha. Haa-haah. Ilaalaa, isheen bareedduu turte. Argitanii?

³⁹ Gara dargaggummaa isheetti deebite. Hubadhaa, mucaa godhachuuf, akkas ta'uun ishee dirqama ture. Waaqayyo uumama haaraa ishee godhe. Mucaa kana guddisuu, qabdi. Yaadadhaa, Abrahaam, "qaamni isaa sirriitti akka du'e," Saaraan kan duute yeroo Abrahaam. . . Yeroo Saaraan duute, nan amana, Yisihaaq waggaa afurtamii shan ture. Abrahaam sana booda, dubartii biraa fuudhee ijoollee durbaa malee ijoollee dhiiraa torba irraa godhate. Ameen.

⁴⁰ Ilaalaa, sararoota gidduu dubbisaa. Inni gaaddidduu dha. Ijoollee Abrahaam hunda irratti waan Inni hojjechuuf deemu achitti agarsiisa. Hiriyoota ko, ammaa itti dhihaachaa jirra, kanaaf gateettiin keenya inni gooba'e fi wanti ta'e hundi garaagarummaa hin uumu. Rifeensi keenya harrii ta'ee fi waan fedhe yoo ta'e iyyuu, rakkoo hin qabu. Duuba hin ilaallu. Waan deemaa jirruuf fuuldura keenya haa ilaallu.

⁴¹ Akkasumas yaadadhaa, mallattoon nuti argaa jirru, mallattoo isa dhumaa Abrahaamii fi Saaraan, ilma abdachiifaman osoo hin argatin dura argaa turanidha. Sa'aatii sana keessa akka jirru ni amanna.

⁴² Paatriyaarkichi, erga mucaan kun dhalatee booda. . . Yisihaaqiin yaaddaniittuu, gara waggaa kudha lamaatti; mucaa xiqqaa jaallatamaa, rifeensa-mammaramaa, ija bunni xiqqoo? Haadhatti maaltu akka itti dhaga'amu tilmaamaa; shamarree bareedduu sanatti, akkasumas, abbaa isaatti. Fakkeenyaaf, amma, gaaf tokko, Waaqayyo akkas jedhe; yeroo inni dhufutti, nuti fagoo jirra. "Karaa mucaa kanaa, abbaa sabaa si godheera, garuu mucicha gara gaara ani sitti agarsiisutti akka ati ol geessitun barbaada, achittis akka ati isa aarsaadhaaf, naaf dhiyeessitun barbaada." Kana yaaduun ni danda'amaa?

⁴³ Qormaata akkasii keessa akka lixxan gaafatamtanii hin beektan. Amma akkas hin godhu. Sun fakkeenya, gaaddidduudha.

⁴⁴ Abrahaam sodaateeraa? Lakki, gooftaako. Abrahaam akkana jedhe, "Inni du'aa kaasuu akka danda'u guutummaatti nan amana, ani akka nama du'ee ta'ee osoon jiruu isa argadheera. Abboommiin Waaqayyoo akkan akkas godhu yoo ta'e, isaaf amanamuun qaba, akkasumas gatii itti baasee, ilma sana akka naaf kenne; Waaqayyo deebisee du'aa isa kaasuu ni danda'a; akka gaaddidduutti, Isa irraan fudhadhe."

⁴⁵ Oo, hiriyaa, koo! Waaqayyo isin warra Pheenxeqoosxeef Hafuura Qulqulluu, afaan haaraan dubbachuu yoo kenne, humna fayyisuu Isaa, gaarummaa fi araara Isaa hammam caalaa amanuu qabdu! Inni hayyoota ti'ooloojii biyyattii keessa jiran hunda leeyyaasisuuf, kana godhe! Kun ta'uu hin danda'u jedhan, Waaqayyo garuu kakuu waan galeef ni hojjete. Egaa

Qawwee kee, Sagalee kee, Seefii kee wajjin dhaabadhu, Dubbii Waaqayyoo amani. Waaqayyo kana dubbateera, sun immoo gahaadha!

⁴⁶ Amma, hubadhaa, harree isaa waliin, achi irraa imala guyyaa sadii itti fudhate. Amma deemuu nan danda'a, yeroon paatroliidhaan ture, guyyaatti karaa lafa onaa, maayilii soddoman deeman ture; miila beenzilaa arganne, akkas jechuudha. Garuu namoonni sun, geejjibni isaanii tokkichi, harree yaabbachuu ykn—ykn miilaan deemuu dha. Bakka jiru irraas imala guyyaa sadii adeeme, sana booda lafa onaa irra dabarsee, ija isaa ol kaasee, gaara sana fagootti ilaale.

⁴⁷ Yisihaaqqiin qabee harka isaa hidhe. Kan hundi keenya Seera Uumamaa 22 irratti, beeknu, gaaddidduu Kiristoosidha. Tulluutti ol isa geessee, hidhe, akkuma Yesuus gara gaaraatti ol geeffame, Gaara Qaraaniyootti; fakkeenya isa Waaqayyo Ilma Isaa kennee, akka ta'e beekamaa dha.

⁴⁸ Garuu yeroo inni ajajamaa ta'ee, achi ga'an, Yisihaaq shakkuu jalqabe. Innis akkas jedhe, "Abbaa, mukti kunooti, iddoon aarsaa kunooti, ibiddi kunooti, garuu aarsaan eessa jira?"

⁴⁹ Abrahaamis, keessoo isaatti baree, Sagaleen Waaqayyoo achi ala dhaabatee, akkas jedhe, "Ilma koo, Waaqayyo ofii isaatiif aarsaa qopheessuu ni danda'a." Bakka sanas "Yihowaa-Jireh" jedhee waame.

⁵⁰ Ilma isaa yommuu hidhus, inni hanga du'aatti abboomamaa ta'e; iddoo aarsaa irra isa ciibsee, billaa mannee isaa keessaa baafatee, lubbuu ilma isaa baasuuf ka'e. Akkasumas, yeroo inni kana godhu, wanti ta'e harka isaa qabee, "Abrahaam harka kee ol hin kaasin" jedhe.

⁵¹ Yeroo sanattis, gaanfi isaa lafa onaa keessatti kan hidhamee, korbeessi hoolaa tokko isa duubaan dhaabbate.

⁵² Korbeessi hoolaa sun eessaa dhufe jettanii, yaaddanii beektuu? Yaadadhu, biyyattii bineensa hoolaa-nyaatu kan akka leencotaa, yeeyyii fi sardiidaan kan guutamte dha. Qaroomina irraas hangam fagaatee jira? Akkasumas, gaara gubbaa, bakka bishaan hin jirre dha. Innis iddoo aarsaa sana tolchuuf, naannoo hundarraa, dhagaa funaane. Korbeessi hoolaa sun eessaa dhufe? Hubattanii?

⁵³ Kun garuu mul'ata hin turre. Korbeessa hoolaa dhiiga qabudha; kan inni ajjeese. Maal jedhe? "Waaqayyo aarsaa ofii isaatiif qopheessuu in danda'a."

⁵⁴ *Isin* akkamitti teessoo sanarraa ka'uuf deema jirtu? Mucaan gaggabdoo qabu *sun*, ykn *ati* inni teessoo sana irraa, *ati* inni achi irraa, *ati* inni dhukkuba onnee qabdu akkamitti fayyuuf deema jirtu? Maaliyyuu haa ta'u dhimma isaati, "Waaqayyo waan isaaf barbaachisu guutuu in danda'a."

55 Abrahaam itti amane. Paatriyaarkichi kakuu isaatiif amanamaa ta’ee dhaabate. Kakuu Inni gale, kana, “Sanyiin kee! Haalli maal iyyuu yoo ta’e, Sagalee Koo waan amanteef, sanyiin kee karra diina isaa ni dhaala.”

56 Maaliif? Diinni ka’u hundi, akka fakkeenyaatti, Abrahaam irratti ka’a, Abra-. . .Diina, “Garmalee dulloomteettii. Ani garmalee dulloomeera. Hunda *kanaaf*, fi wanta hunda.” Ammas kakuu sanaaf sirritti amanamaa ture.

57 Ammas, namni amantii sana dhaalu, amma iyyuu haala kamiin keessatti Sagalee Waaqayyoo ni amana. Amma egaa, isinis yoo akkas gochuu baattan, Sanyii Abrahaam miti. Amantiin Abrahaam bira ture, Sanyii isaati.

58 Akkuman yeroo muraasa dura isinitti hime, kakuun Abrahaam “Sanyii” isaati, akkasumas, Sanyii mootii isaati. Mallattoon inni Abrahaamiif kenne kunis immoo, mallattoo kakuuti. Sanyiin mootii immoo, akka Efesoon 4:30 irraatti, erga qormaata injifatanii booda, “Hafuura Qulqulluun mallatteeffamuu dha.” Yaaduuf yaalimee.

59 Baay’een waan Hafuura Qulqulluu argatan isaanitti fakkaata. Baay’een Hafuura Qulqulluu qabna jedhu. Baay’een isaanii ragaa fi mallattoo hedduu agarsiisuu danda’u. Garuu, ammayyuu, Sagalee waliin dhaabbachuu yoo dadhaban, Hafuura Qulqulluu miti. Argitanii?

60 Sagalee hundumaa amanta, sana booda qormaata booddee ni mallatteeffamta. Kakuu Sagalicha keessa jiru hundumaa yeroo amannu, kakuu sana mirkaneessuuf, sana booda Hafuuraan mallatteeffamna. Abrahaam, akkaataa inni itti adeemes, kana dha. Sana boodaa fi sana booda qofa, karra diina keenyaa dhaaluuf mirga qabaanna. Hanga jalqaba Sanyii sana taatutti kana gochuu hin dandeessu. Yaadadhu, Macaafa Qulqulluu keessatti. . .

61 Ani, Hawustan ykn bakka ta’e irratti dubbadheera, iddoo biraa . . .ykn, Daalaas jechuu kooti. *Mallattoo* irratti.

62 Ilaalaa, Yi—Yihudaan tokko, Israa’eliin keessatti, dhaqna qabaadhaan Yihudii ta’uu isaa agarsiisuu danda’a. Waaqayyo garuu, “Yeroon dhiiga argu! Dhiigni sun mallattoo isiniif in ta’a” jedhe.

63 Jireenyi dhiiga keessa jiru warra waaqeffatan irratti dhufuu hin danda’u, sababni isaas, tole, jireenya bineensaati, innis gaaddidduu isa gara Jireenya dhugaatti ittiin bahamu qofa ture. Sana booda, keemistiriin, dhiigni mataan isaa, balbalaa fi michichila balbalaa irratti mul’achuu qaba ture.

64 Hisoophiin, marga baramaa ta’e kanaan dibabamu, kana gochuun amantii guddaa ta’e akka hin qabne agarsiisa. Gara waldaa dhufuuf, akkuma konkolaataa kee konkolaachisuu qabdu, atis amantii argatteen, kana qofa qabaachuu qabda.

Argitanii? Namoonni baay'een waan tokko akka ta'anitti yaadu. . . Garuu, lakki, lakki, sun dogoggora. Amantiin waliinii kan isin Dhiiga sana ittiin dibdan qofa dha. Sagalicha dhaga'aa, Sagalichattis amanaa, hojii irras oolchaa, kana qofa. Filisxeemiin keessatti bakka kamitti iyyuu margi haamamu, Hisoophii ture, babbaqaqaa keenyanii fi naannoo isaatti marga xixiqqoo bibiqilu, dhiiga sana keessa cuuphuun fuula balbalaa fi michichila balbalaa irratti facaasu.

⁶⁵ Yaadadhu, kakuu sana keessa hammam akka turan na hin dhibu, Yihudiin tokko hammam akka dhaqna qabate, hammam nama gaarii akka ta'e argisiisuu yoo danda'e, ma—mallattoon sun yoo jiraate malee kakuun hunduu ni haqama. “Dhiiga yeroon arge,” qofa.

⁶⁶ Amma, amma Dhiigni, Mallattoon, keemistirii miti, keemistirii Dhiiga Kiristoosidha, 'sababni isaa Waggoota kumaatamaan dura dhangala'e.

⁶⁷ Garuu, argitanii, eessatti. . . keemistirii ta'uu qaba ture, jireenyi bineensa keessa jiru nama irra dhufuu hin danda'u, sababni isaas jireenyi bineensotaa lubbuu hin qabu. Bineensi waan sirrii fi dogoggora ta'e hin beeku. Lubbuu kan qabu ilma namaati.

⁶⁸ Amma, garuu yeroo Yesuus, Ilmi Waaqayyoo, durba irraa dhalatee, Dhiiga isaa dhangalaasutti, Jireenyi Dhiiga sana keessa jiru Waaqayyo mataa isaa ture. Macaafni Qulqulluun, “Jireenya isa Dhiiga Waaqayyoo keessa jiruun, fayyine” jedha. Dhiiga Yihudiin miti, dhiiga Ormootaan miti; garuu Jireenya Waaqayyooni. Waaqayyo durbarraa kan dhalate, seelii Dhiigaa kana uume. Dhiira tokkollee hin bektu, hin bektu. . . hanqaaquun sunis ishee irraa hin dhufne.

⁶⁹ Namoonni baay'een hanqaaquun ishee akka kana godhe amanuu akka barbaaddan nan beeka. Hanqaaquun miira malee achi jiraachuu hin danda'u, akkas taanaan Waaqayyo maal hojjeteree? Argituu?

⁷⁰ Hanqaaquu fi seelii Dhiigaa lamaanuu Waaqayyotu uume, sun immoo dunkaana Waaqayyoo, isa qulqulluu ta'e. “Ani Isa Qulqulluu kan kootii tortoratti dabarsee hin kennu.” Hanqaaquun eessa akka dhufe ilaalaa? “Lubbuu Isaas si'ool keessatti hin dhiisu.” Qaamni isaa qulqulluu dha! Oo, maay! Kana hin amantu, kana hin amantu taanaan, akkamitti Kiristaana ofiin jetta?

⁷¹ “Dhiiga Waaqayyootiin fayyine.” Kun bakka amantiin koo jiru dha. Dhiiga raajiin hin fayyine, dhiiga nama akkasumaanii, ykn barsiisaa, ykn ogeessa ti'ooloojiitiin hin fayyine. Dhiiga Waaqayyoon fayyine. Waaqayyo akkas jedhe. Inni nama ta'e. Hidda Isaa jijjiire. Inni dunkaana Isaa, as nu gidduutti diriirsee, nu keessaas akka isa tokko ta'e. Inni Aantii Furee keenya. Inni

fira nuuf ta'e, 'sababni isaas kun seera ture. Waaqayyo nama ta'ee nu gidduu buufate.

⁷² Kana hubadhaa, kana yeroo godhutti, Inni Isa biraa dhufe, Waaqayyo ture, Hafuura, akkasumas Hafuurri sun amantoota irratti dhufe. Kanaaf, nutis Jireenya Isa Aarsaa nuuf ta'e sana keessa tureen, har'a beekamne.

⁷³ Kanaaf akkamitti Jireenyi Waaqayyoo namoota gidduutti yammuu hojjetu arganii, waan xuraa'aa dha jedhanii waamu danda'u, yammuu Aarsaan keenya Sun eenyummaa keenya ta'u? "Namni Anatti amanu, waan ani hojjedhu hundumaas ni hojjeta." Jireenyi Isaa aarsaa irratti deeb-. . . Aarsaa irraa deebi'ee dhufa, yeroo nuti yaada keenyaaf du'uu keenya beeksifnee harka keenya Isarra keenyu. Egaa akkamitti Kana amanna jechaa, waldoonni amantii gara duudhaa fi wantoota amantii isaaniitti nu dhiibuu danda'u? Wantoota sanaaf duuneerra.

⁷⁴ Phaawulos, "Wanti kun tokkollee na hin dhiphisu" jedhe, sababiin isaa inni Isa guutuu ta'e, Kiristoositti hidhamee jira. Akkasumas galma ga'iinsi dhugaan hundinuu isa guutuu ta'etti hidhamee jira, anaaf immoo guutuun Sagalee dha. Namoonni biroon hundi, kan—kan dhugaatti Hafuura irraa dhalatan, Sagalee Waaqayyootu guutuu isaanii ture. An Isatti hidhameera. Harka koo Isa irratti dhiiseera. Innis bakka koo fudhateera, Ani Isa waliin adda of baaseera. Inni nu waliin adda of baasuuf kakuu akka gale beekna. Sun amantii dhugaa fida; amantii mataa keessanii miti, amantii Isaati; waan ati hin to'anne dha. Inni ni hojjeta. Amma hubadhaa. Sana boodaa fi sana booda qofa, yeroo. . . kakuun siif galame dha.

⁷⁵ Baay'inni waldoota ati jijjiirte rakkoo hin qabu, baay'inni cuuphaa ati cuuphamte; fuulduratti, dudduubatti, karaa barbaadde kamiinuu cuuphami. Hanga Mallattoon sun sirra kaa'amutti, Aarsaa koo wajjin wal argeera jechuuf mirga hin qabdu.

⁷⁶ Mallattoon Waaqayyoo immoo maali? Efesoon 4:30, akkas jedha, "Hafuura Waaqayyoo isa Qulqulluu isa guyyaa fayinaatiif ittiin mallatteeffamtan hin gaddisiisinaa." Sochii hafuuraa tokko irraa hanga isa kaaniitti miti, hanga Guyyaa fayinaatti Bara baraan mallatteeffamteetta.

⁷⁷ Akkasumas, yaada Waaqayyoo keessa yoo hin turre ta'e, Waaqayyoo wajjin gonkumaa hin taatu, yaadadhu. Inni Furee ta'uu isaa nama meeqatu beeka? Tole, egaa, kan furame kamiyyuu bakka irraa kufetti deebi'uu qaba. Kanaaf erga Inni nu furuuf dhufee, warri duraan furee hin qabne, akkamitti furamuu dandeenye, hundi keenyas "cubbuun dhalanne, jal'inaan bocamne, soba dubbachaa gara biyya lafaatti dhufne"? Kan inn agarsiisu Kiristaanni dhugaan calaqqee yaada Waaqayyoo akka ta'e dha, osoo addunyaan, urjiin, qilleensi, ykn wanti biraan hin

jiraatin dura. Inni kan Bara baraati, Innis deebisee nu furuuf dhufe. Inni yaada Waaqayyoo, kan sagaleen dubbatamedha, kan mul'ate akkasumas deebisee . . . deebisee gara yaada Isaatti fiduufidha.

⁷⁸ Aantii Furee! Kanaafidha Waaqayyo ofii isaatii nu keessaa akka isa tokko kan ta'eef, nu furuuf. Kan biraan kana gochuu hin dandeenye. Ergamaan kana gochuu hin dandeenye, eenyuyyuu. Inni nu furuuf, gadi bu'ee, akkuma keenya qoramuu qaba ture.

⁷⁹ Amma sanyii uumamaa Abrahaam hubadhaa. Mee sanyii uumamaa sana keessaa muraasa haa ilaallu, Waaqayyo sanyii uumamaa Yisihaaq isa ta'ee wajjin, Sagalee isaa yoo eegu haa ilaallu. Mee sanyii uumamaa kakuu Waaqayyoo guutummaatti amananii fi gaaffii hin qabne muraasa haa ilaallu. Amma yaadadhaa, kuma kudhaniin dachaa kumaatamaan kan baay'ifaman kumaatamaan kan lakkaa'amantu turan kan dhaqna qabamanii fi hunda ta'an, garuu ammayyuu Sanyii Abrahaam miti. Sirriimatti, "Namni bakkeedhaan Yihudii waan ta'eef, Yihudii dhugaa hin ta'u; keessoodhaan Yihuudii yoo ta'e malee." Baay'een isaanii, kufaatii hamaa, kufaniiru.

⁸⁰ Ilaalaa, lafa onaa keessatti, akkas jedhan, "Nuti . . ." Guyyaa Ayyaana Faasikaa, ykn yeroo burqaa sanattii dhugan, Qulqulluu Yohaannis 6 irratti. Hundi isaanii gammadaniiru.

⁸¹ Yesuus akkas jedhe, "Ani Dhagaa lafa onaa sana keessa ture dha. Ani Buddeen Waaqayyo biraa, Samii irraa dhufe, isa namni yoo nyaate hin duune dha."

⁸² Isaanis akkas jedhan, "Abbootiin keenya lafa onaa keessatti, waggaa afurtamaaf mannaa nyaataniiru."

Innis akkas jedheen, "Isaan, hundi isaaniyyuu, du'aniiru."

⁸³ *Du'aniiru*, jecha jedhu fudhadhuu qoradhu, maal jechuu akka ta'e ilaali, "Bara baraan kan addaan bahanidha." Ta'us, sanyii Abrahaam turan. *Du'a* jechuun "addaan bahuu, baduu, guutummaatti balleefamuu, baduu dha." Yesuusis tokkoon tokkoon isaanii, du'aniiru jedhe, ta'us garuu Yihudoota dhaqna qabatan turan.

⁸⁴ Hubadhaa, karra hiyyeeyyi nana, sababa Meetidistii, Baaptistii, Pirisbiteeriyaanii taaneef, waadaa xiqqoo, fi wantoota akkasii waan gooneef; seexannis akkuma keenya ni amana.

⁸⁵ Garuu Isa waliin beekamuu qabda. Mallattoo Hafuura Qulqulluu gochuun, Waaqayyo dhugaa Itti siif ba'uu qaba. Sagalichi gaaffii hin qabu!

⁸⁶ "Gaariidha, amma, sun guyyaa biraaf ha ta'u" yoo jettan, wanti dogoggora ta'e jira.

⁸⁷ Namni tokko fiigaa dhufee, ati immoo ifni ifaa akka jiru yoo itti himte, innis gara kutaa gadiitti gadi fiigee, "Ani kana nan morma. Nan morma. Wanti ifa jedhamu hin jiru. Ani hin amanu"

yoo jedhe, kun maali dha? Nama sana bira dogoggorri wayii ni jiraata. Sammuun isaa sirrii miti. Yoo inni balaqqeessa ho'aa fi wanta jireenya-kennu dide, wanti dogoggora ta'e isa bira jira, sammuu dhaan.

⁸⁸ Namni tokko sagalee Waaqayyoo hubatee, isa duratti ifa ta'ee, akkasumas adda baafameefii, sana boodas golgaa dhaabbata amantii isaatiin cufee yammuu gadi harkisu, nama sana bira wanti dogoggora ta'e jira, hafuuraan. Dogoggorri wayii isa bira jira. Hafuuraan wanti dogoggora ta'e jira. Inni fudhachuu hin danda'u. "Jaamaa dha, baruu hin danda'u," gara Firdiitti deema, Waaqayyos itti Murteessuutti adeema.

⁸⁹ Hubadhaa yeroo isaan—isaa kana godhan, sanyiiwwan kunniin warri amma Itti amanana, waan ta'u ilaalaa. Mee amma isaan keessaa muraasa haa ilaallu, sanyii Abrahaam.

⁹⁰ Mee ijoollee Ibrootaa haa fudhannu, 'sababni isaas isaan dhugaa irra waan dhaabbataniif bifa fakkeenya-waaqessuu hin dandeenye. Bifa fakkeenya mootiin saba sanaa hojjeteef sagaduu didan. Kan hojjetame fakkeenya nama qulqulluu, fakkeenya Daani'eel ture.

⁹¹ Sanyiin Ormootaa daandii sobaa jalatti qabamuun, bifa fakkeenya qulqullootaa waaqeffachuu argisiise. Innis haala wal fakkaatuun adeeme, yeroo namoonni bifa fakkeenya namootaa waaqeffachuuf dhiibaman. Daani'eel Sagalicha isa barreeffama quba harkaan keenyan irratti barreeffame, hiikuu danda'uun isaa, mul'ataan dhufe. Bifa fakkeenya Ormootaa karaa wal fakkaatuun, akkasitti seena, akkasitti ba'a.

⁹² Hubadhaa, isaan kana gochuu ni morman. Maal godhaniree? Isaan sanyii Abrahaam warra Sagalichaaf dhugaadhaan dhaabbatan turan, akkasumas karra diinaa, isa ibidda warra dhaalan turan. Isaan ni raawwatan. Gaariidha, Sagaleen Waaqayyoo dhugaadha.

⁹³ Daani'el, waaqeffannaa Waaqa dhugaa isa tokkichaaf qorameera. Sanaaf qorameera. Yeroo qormaataattis, qormaata sana dura dhaabate. Akka nuti jennutti, erga akka chiipsiitti gadi isaaf darbatamee booda, Waaqayyoo immoo maal godhe? Maal gochuu akka qabanis hin barre. Isaan isa leenca nyaachisuuf turan. Daani'eel garuu Waaqayyoo inni dhugaan tokkicha ta'uu isaaf qorumsa sana keessatti amanamaa ta'ee, karra diina isaa dhaale. Waaqayyoo afaan leencaa cufe.

⁹⁴ Museen qormaata keessatti, warra fakkeessitoota sobduu, Yaambiresii fi Yaaneesiin duratti, Dubbii abdachiifameef amanamaa ta'e. Ilaalaa, Waaqayyoo haala uumamaa ol ta'een isatti mul'atee akka inni dhaqee wantoota kana godhu, mallattoolee kanas agarsiisu itti hime, mallattoon tokkoon tokkoon isaaniis sagalee qabu. Museenis akka dhugaa kana beekutti, gadi bu'e. Innis ulee sana lafa yeroo buusu,

gara bofaatti jijjiirame. Maal akka ta'e beektuu? Warri fakkeessitoonnis dhufanii kanuma godhan.

⁹⁵ Ammagaa, Museen “Tole, wanti hunduu dogoggora jedheen tilmaama” jedhee, harka isaa ol hin darbanne. Achuma dhaabbatee Waaqayyoon eege. Dhugaa irra dhaabatee eege. Fakkeessitoonni hammam yoo jiraataniyyuu amanamaa ta'e. Namoota sana iddoo sanaa baasuuf ergama itti kennameef amanamee yommuu dhaabatu, karri bishaanii karaa isaa yeroo seenu, Waaqayyo akka dhaalu godhee, Utubaa ibiddaa isa geggeessaa jiruun karra sana bane. Ummatas gara biyya abdachiifamteetti geesse.

⁹⁶ Geggeessaa guddaan kan biraa, Iyaasuu dha. Jara keessaa lama qofatu... gara biyya abdachiifameetti gale, Iyaasuu fi Kaaleb. Iddoo Qaadash jedhamtu kan yeroo sanatti giddu gala biyya lafaa turte gahan, hamma sanatti bakki sun teessoo firdii ture. Akkasumas, ooh, biyya sana akka ilaalaniif basaastota kudha lama erganii, kudha lamaanuu deebi'anii dhufan.

⁹⁷ Kurnan isaaniis akkas jedhan, “Ooh, hojichi baay'ee dha. Nuti raawwachuu hin dandeenye. Egaa, isaan namoota, nuti cinaa isaaniitti hawwaanisa fakkaannu dha.”

⁹⁸ Iyaasuun garuu maal godhe? Ummata tasgabbeesse. Innis, “Daqiiqaa tokko obsaa. Nuti hammam xiqqaa taanus, hammam gadi taanus, dandeettii jara qabachuu caalu qabna” jedhe. Maal hojjechaa ture? Kakuu sanaaf dhugaadhaan dhaabachaa ture, “Lafa kana isiniifan kenna,” garuu taakkuu hunda isaaf ni loltu.

⁹⁹ Kana ni amantaa, harmee? Waaqayyo fayyina kee siif kenneera, garuu taakkuu hunda isaaf ni lolta. “Bakka faanni miilla keetii ej'ete hundumaa, dhaala godhee siifan kenna.” *Faana miillaa* jechuun “dhaala.” Hundi isaa kan kee ti, kakuun hundi kan kee ti, garuu karaa taakkuu hundaan ni lolta.

¹⁰⁰ Amma, Iyaasuun waan Waaqayyo jedhe beekeera. Inni sanyii Abrahaami dha. Argitanii? Akkas jedhe “Waaqayyo biyya sana akka nuuf kennu, nuti sana qabachuu dandeettii caalu akka qabnu, nan amana.” Sababni isaa inni qorumsa sana dura dhaabatee, ijoollee Israa'elotaa hunda, gosaa fi ummata warra iy'anii boo'an hunda morme. Iyaasuun akkas jedheen “Callisaa eegaa! Waaqayyo kakuu galeera.”

¹⁰¹ Hammam guddaa ta'uu kee miti, mormiin maal iyyuu ha jiraatu, doktorri maal iyyuu ha jedhu Waaqayyo kakuu galeera. Raawwachuun kan Waaqayyooti.

¹⁰² Inni maal godhe? Yommuu gara laga Yordaanositti gad bu'u, karra sana qabate. Kun wanta inni—inni godhedha.

¹⁰³ Yerikoon, akka qocaa golgaa ishee keessa jirtuutti cufamtee turte. Inni maal godheree? Karra sana dhaale.

¹⁰⁴ Gaaf tokko diinni isaa isa mo’uuf yaalullee, karra diinaa isaa baayisee qabachuuf aduun akka dhaabbattu ajaje. Aduunis isaaf abboomamtee, sa’aatii digdamii afuriif tasayyuu hin naannofne.

¹⁰⁵ Waan fedheyyuu ha godhu, Waaqayyo kakuu isaatiif amanamaadha; Sagaleen isaa mo’amee kufuu irra Samii duwwaa godhee dhiisuu filata. Inni kakuu raawwachuu hin dandeenye galee hin beeku. “Ani Gooftaa dhukkuba kee hundumaattii si fayyisu dha. Dhukkubsataa irra harka yoo ka’an, ni fayyu.” Ameen. “Yoo amanuu dandeesse, wanti hundi ni danda’ama.”

¹⁰⁶ Lafti naanna’uu ishee akka dhaabdu Waaqayyo akka godhu, Iyaasuun amaneera. Addunyaan sa’aatii digdamii afuriif akka hin naannofne; humna tokkoon qabee dhaabe, humna Ofii Isaatiin, hamma Iyaasuun diina isaa ijaa ba’utti. Innis karra qabate. Sirriitti, akkas godhe. Waaqayyo yoomiyyuu dhugaadha.

¹⁰⁷ Amma osoo yeroo argannee gootota dabalataa bira ilaallee natti tola, garuu amma gara daqiiqaa kudhaniin qaba. Ilaalaa, gootonni qaqaaliin kun hundi, akka jiranitti, loltoonni amantii gurguddoon, hundi isaanii karra du’aa irratti du’an. Hundi isaanii achi karra du’aa irratti, balleeffaman.

¹⁰⁸ Sana booda Sanyii Mootii Abrahaamtu dhufe. Hundi isaanii Yisihaaq irraa kan dhufan, sanyii uumamaa turan. Garuu kunoo Sanyii Mootii Abrahaam, isa Kiristoos ta’e, Sanyii amantii Abrahaamtu dhufe; waan ta’uu qabnu, akkamitti akka taanuu fi dhiisnu qofa ilaalaa. Sanyiin uumamaa gaaddidduu qofa dha. Warri kaan hundi dhaloota uumamaatiin dhalatan, garuu Inni durba irraa dhalatee dhufe. Hubadhaa, egaa, sanyii Abrahaam, Yihudii irraa hin turre. Sanyii amantii kakuchaatiin dhufe. Egaa, karaa Nama kanaa, ijoollee Isaa ta’uuf waamamne.

¹⁰⁹ Waan Inni hojjete ilaalaa. Yeroo lafa irra ture, karra diinaa hundumaa mo’atee qabate; Sanyii Mootiiti. Sagalee isaatiin kakuu gale. Inni ni mo’ate. Karra dhukkubaa, nuuf mo’ate. Inni kana gochuuf dhufe. Inni, yaadadhaa, namootni dhukkubsattan, Inni karra sana mo’ateera. Mo’achuun isin hin barbaachisu; Inni mo’ateera. Namoonni warri kaan karra ofii isaanii mo’uu qabu. Isiniin garuu mo’achuun isin hin barbaachisu; dursee mo’ameera. Inni karra dhukkubaa mo’ateera. Inni yeroo karra dhukkubaa injifate maal godhe? Akkas jechuun Inni . . . Waan ati lafa irratti gaafatte, akkasumas waan ati lafa irratti hiite, Inni Samii irratti ni hidha, furtuu karra nuuf kenne.

¹¹⁰ Inni karra qorumsaa, Sagaleen injifate. Furtichis kana ture, “Seexanaan mormaa, inni isin irraa in baqata.” Inni hunda isaa injifateera; dhukkuba hunda injifateera.

¹¹¹ Du’a injifateera, si’ooliin injifateera. Du’aa fi si’ooliin injifateera. Waan warri kaan mo’achuu hin dandeenye injifate, sababiin isaa isaan sanyii uumamaa waan ta’aniif. Kun

Sanyii hafuuraati. Inni karra awwaalaa injifatee, qajeelummaa keenyaafis, guyyaa sadaffaatti du'aa ka'e.

112 “Amma egaa nuyi mo'attoota irra caalla.” Nuti akka dhaaltotaatti qofa, sirriitti itti adeemaa jirra, “Mo'attoota caalaa.” Amma diina mo'amee wajjin wal'aansoo qabaa jirra. Dhukkubni mo'ameera. Duuti mo'ameera. Si'ool mo'ameera. Waan hunduu mo'ameera. Oo, maay! Osoon dachaa lamaan guddina koo dabalee, tarii amma dachaa lamaan waan gaariin natti dhaga'ama. Diina injifatame waliin wal falmaa jirra.

113 Phaawulos irraa mataa isaa muruuf, yeroo isaan bilookii ijaaraa turanitti, akkas jechuu danda'uun isaa nama hin ajaa'ibu, akkas jedhe, “Yaa du'aa waraansi kee eessa jira? Bakka itti na boossistuu fi na iyyisiistu natti agarsiisi. Yaa awwaalaa, mo'ichi kee eessa jira, isayyuu achi keessatti na bocuu yaaddaa? Waan duwwaa achi jirun isinitti agarsiisa; Ani garuu Isa keessan jira, Inni guyyaa dhumaatti na kaasa.” Diina mo'ame!

114 Sanyii Mootii Abrahaam! Ammagaa, sanyiin uumamaa Sana akeekuu hin dandeenye. Garuu Sanyiin Mootii mo'achuu danda'a, raawwatee mo'ateera, sababiin isaa Inni nu dura deemee karra hunda nuuf mo'ateera. Inni amma, waggaa kuma lama booda, nu gidduu dhaabbataa jira, Injifataa Jabaa dha. Dhukkuba qofa osoo hin taane. . . Dhukkuba injifateera. Qorumsa injifateera. Diina hunda injifateera. Du'a injifateera. Si'ooliin injifateera. Awwaala injifatee, ka'eera. Waggaa kuma lama boodas, kunoo Inni nu gidduu dhaabatee, har'a waaree booda, Mo'ataa Jabaa ta'uu, Ofiisaa mul'isaa jira! Ameen. Inni amma iyyuu as jira, jiraataa dha, waadaa isaa, Sanyii Mootii Abrahaamiin mirkaneessaa jira! Oo maay! Diinni immoo ni. . .

115 “Karra diina isaa ni injifata.” Warra, Sanyii sana ta'anitti, Inni as dhaabbatee eenyuutti Ofiisaa mul'isaa jira? Sanyiiwwan duraan murtaa'an sun arguu danda'u. Sana injifateera. Warra, qorumsa booda, waa'ee Sagalee abdichaatiif, Hafuura Qulqulluudhaan mallatteeffaman, gara Qaama Kiristoositti dabalamuuf, mirkanaa'eeraaf (maaltu?) Ibroota 13:8 akka ta'u. Isaan achitti Hafuura Qulqulluudhaan mallatteeffamaniiru, Hafuura Qulqulluu isa. . . Abrahaam dursee argee; amantiidhaan itti amane. Amma immoo kakuu Inni dubbate duubatti ilaallee, Isa fudhanna. Yohaannis 14:12 immoo guyyoota dhumaa kanatti, Isa Mo'ataa du'aa ka'e, Ofii isaatiin mirkanaa'eera.

116 Sirna wayii miti; garuu Nama, Kiristoos, isa Mo'ataa dha. Waldaa koo miti, waldaa Baaptisitii koo, ykn Pireesbiteeriyaan, Meetodistii, ykn Peenxeqoostee keessan miti, sanaan miti; garuu Yesuus Kiristoosiini. Inni har'as jiraataa dha. Qajeelummaa keenyaaf, du'a mo'atee ka'e.

117 Inni waan jiraatuuf, nutis jiraanna jedhe. “Namni buddeena qofaan hin jiraatu, Sagalee Waaqayyoo hundaan malee,” kutaa

Dubbichaatiin miti, “Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba’u hundumaan.” “Ani Du’aa ka’uu fi Jireenya. Namni Anatti amanu, du’us, ammayyuu in jiraata. Namni jiraatee Anatti amanu hundinuu yoomiyyuu hin du’u. Kana ni amantaa?” Karra diinaa hunduma fudhadhu!

¹¹⁸ Akkamitti Boosworziin injifachuu danda’a, osoo Waaqayyo...Boosworzi Injifataa keessa ture. Sababa inni, “Jireenya koo keessatti yeroon gammachuu guddaa qabu ammaadha” kan jedheef kanaafi. Haa-haah. Inni isa Mo’ataa Jabaa sana ni beeka. Wabiin isaa Isaa wajjinidha. Oo maay! Amma faarfachuu dandeenya:

Jiraatee, Na jaallate; du’ee, Na fayyise;
 Awwaalame, Cubbuu koo narraa fageesse;
 Du’aa ka’ee, bara baraan tola na qajeelche;
 Gaaf tokko ni dhufa—ooh guyyaa ulfina
 qabeessa!

¹¹⁹ Warra kan mo’aman itti fakkaateef. Eddii Peeroneet, faarfannaa Kiristaanaa isaa gurguruu hin dandeenye, jedheen amana, Namni barbaadu hin turre. Waan itti godhan hin qaban. Ooh, mo’amaa dha, garuu amanaa dha! Gaaf tokko, Hafuurri Qulqulluun isa irra dhufe. Karra diina isaa, isa ogbarruu isaa hin fudhannetti! Hafuurri isa sochoosee, qalama qabatee, Waaqayyos faarfannaa eebbaa akka barreessu isa taasise.

Hundi isaanii humna Maqaa Yesuus’ ni
 galateeffatu!
 Ergamoonni kufanii ha sagadaniif;
 Gonfoo mootii fidaa,
 Gooftaa maccaa irra gonfoo ka’aa.

¹²⁰ Yeroo tokko, qaro dhabduu Faanii Kiroosbii. Akkas jedhan, “Hiika maalii siif qaba?” Tokko tokko...Hangafummaa ishee akka Eelvis Piresley isa Peenxeqoosxee hin gurgurre, yookaan akka waldaan-Kiristoos Boonee goote, yookaan akkuma Reed Fooley godhe, akka isaan dandeettii isaanii addunyaatti gurguran hin goone; doonii Kaadiilaak, fi doolaara miliyoonaan lakkaa’amu, galmeew warqee argataniiru. Garuu Faanii Kiroosbii bakka isheetiif ni amanamte. Akkas jettee ol kaastee faarfatte:

Yaa fayyisaa garraamii, na bira hin darbiin,
 Iyya koo isa gad deebi’aa dhaga’i;
 Yeroo warra kaan waamtutti,
 Na biras hin darbin.

Ati burqaa jajjabina koo hundumaati,
 Anaaf jireenyarra caalta,
 Lafa kana irratti siin alatti eenyuunan qaba?
 Ykn Waaqarras si malee eenyutu jira?

¹²¹ Isaanis, “Gaafa Samii deemtu yoo jaamaa taate maal goota?” jedhan.

Isheenis, “Akkanumatti, Isa nan beeka” jette.

“Akkamitti Isa beekta?” jedhan.

“Isa nan beeka” jette.

“Aadde Kiroosbii, doolaara miliyoonaan argachuu dandeessa” jedhan.

Isheenis, “Doolaara miliyoona hin barbaadu” jette.

122 “Akkamitti Isa beekta?” Isheenis akkas jette:

Isa nan beeka, Isa nan beeka,
Furameen bukkee isaa dhaabadha;
Isa nan beeka, Isa nan beeka.

123 “Yoon Isa arguu dadhabe, godaannisa mismaaraa harka isaa irra jiruun qaqqabadha” jette. Karra diina ishee injifatte. Eeyyee.

124 Yoo Kiristoos keessa jirta ta’e! Innis akkas jedhe, “Yoo Ana keessa jiraattan, Dubbiin koos isin keessa yoo jiraate; furtuu barbaaddu gaafadhu, karra fudhachuu barbaaddu gaafadhu; waan feete gaafadhu, siif in kennama. Yoo Ana keessa jiraattan, Dubbiin koos immoo isin keessa yoo jiraate, karra diinaa isin dura jiru kamiyyuu fudhachuu dandeessu.” Isin Sanyii mootii Abrahaamidha.

125 Karra akkamiitu si dura dhaabbata? Karra dhukkubaa yoo ta’e, ati isaaf mo’ataa irra caalta. Sana booda, faarfannaa durii ayyaana qabeessa kana faarfadhaa jechuu dandeenya:

Kakuun Macaafa keessa jiru hundi kan kooti,
Boqonnaan hundi, lakkoofsi hundi...
akkasumas Waaqummaan,
Jaalala Isaa isa Waaqummaatti nan amana,
Macaafa keessa kakuun jiru hunduu kan kooti.

126 Nuti mo’attoota irra ni caalla, Sanyiin Abrahaam karra diinaa ni dhaala! Wantoonni kun ta’uu hin danda’an yeroo jedhan, yeroo isaan Seexana, ykn Beelzebuub, ykn waan biraa jechuu barbaadan, Waaqayyo karra hunda mo’atee diina dhaaluun isaa hin oolu.

Mee haa kadhannu.

127 Gooftaa, Sanyiin Abrahaam... Akka Isa argan nan beeka, Gooftaa. Sagaleen sun Lafa sirrii sana osoo hin rukutin akkamitti bu’a? Akka isaan hubataniif amma nan kadhada. Namni toora kadhannaarra dhufu hundi haa fayyuu.

128 Gooftaa, kan hanga ammaatti kan cubbuu isaanii hin himanne, as keessa yoo jiraatan, ifaa ifatti Kiristoosiif kan hin dhaabbanne, ibsa amantii fi wantoota qorraa hundumaa, amantii maqaaf ta’e, wantoota du’aa ta’an kan Sirraa isaan fudhate ganuuf qophaa’oo dha. Ammas egaa dhaabbatanii akkas haa jedhan, “Ani akka fayyisaa kootti isa nan fudhadha.” Atis booda Guyyaa sanatti isaaniif ni dhaabbatta.

129 Akka mataa keenya gadi qabannetti, warri yeroo kana dhaabbattanii, kadhachuu barbaaddan yoo jiraatan, akkas jedhaa, “Guyyaa sanatti Fuula Waaqummaa Isaa duratti, akka naaf dhaabbatuuf, amma Isaaf dhaabbachuun barbaada.” An sin gaafadha, yoo ol kaatee dhaabbatte, carraa maqaan kee Macaafa Jireenyaa irratti caafamuu siifan kenna. Waldaa kamitti iyyuu akka makamtan isin hin gaafadhu. Kan Kiristoosiin hin beekne as keessa yoo jiraattan, gara isaa akka dhuftaniif isin gaafachaan jira.

130 Waaqayyo si haa eebbisu, ilma ko. Kan biraan jiraa, akkas jedhaa, “An—an Amma dhaabbachuun barbaada.” Waaqayyo si haa eebbisu, giiftii. Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii koo. “Nan barbaada . . .” Waaqayyo si haa eebbisu. Waaqayyo si haa eebbisu. “waaree kana booda, ejjennoo koo nan fudhadha.” Namoonni gaariin kun, dhiiraa fi dubartiin, ka’anii dhaabbattanii, “Har’a waaree booda, dhaabbannaa koo nan godhadha.”

131 Guyyaa sana gaafa doktorri akkas jedhu, “Tole, caccabeera; dhiigni isaa dhangala’aa jira, duuti isatti, ykn isheetti deemaa jira.” Ykn, ganama tokko, dhaabbannaa kee ni yaadatta. Yoo amma Isaaf dhaabbatte.

132 “Yoo isin nama duratti Anatti leeyyofan, ani immoo Abbaa koo fi Ergamoota qulqulloota duratti isinittin leeyya’a. Isin garuu yoo nama duratti Anaaf dhugaa baatan, Abbaa koo fi Ergamoota qulqulloota duratti isiniifan dhugaa ba’a.”

133 Waaqayyo si haa eebbisu, obboleettii koo. Barandaa jala iddoo wayii namni jiru jiraa? Yeroo ammaa, osoo eegaa jirruu. Muraasi isaanii, caalaatti kutaa guddaa keessa jirruu? Tole. Hiriyaako, akka jecha keetti si fudheera.

134 Dubbichi Lafa gabbataa irra yoo bu’e, akka dubartii ishee boolla bishaanii bira turtee, isheen—isheen ni hubatte. Isheen uumamuu irraa kaasee- . . . uumamuu biyya lafaan dura, Waaqa irratti bakka bu’amte. Yeroo Ifni sun Itti bu’u, isheen ni barte.

135 Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessa ko. Sun gootummaadha . . . Waaqayyo si haa eebbisu, obboleessa ko. Jireenya kee keessatti waan guddaa hojjetetta ta’a; amma, Kiristoosiif dhaabbachuun, waan baay’ee guddaa hojjettee beektu caalaa hojjetta.

136 Abbaa keenya Waaqarra jirtuu, waaree kana booda, sanyiin kee lafa muraasa irra bu’eera. Jireenyi ol biqilaa akka jiru argaa jirra. Dhiirotaa fi dubartoota miila isaaniitiin dhaabdataa jiran, iji Waaqayyoo waan hundumaa-argitu, Bakka hundatti kan argamtu, waan hundumaa kan beektu, waan hundumaa kan dandeessu, isaan ilaali. Abbaa, isaan kan Keeti. Amma akka waancaattin isaaniin, Siif dhiheessa.

137 Muuxannoon isaan amma dhaabbatan kun, waan hojjetan beekani, maal jechuu akka ta’e beekani, namoota muraasa

Gooftaaf tuffataman waliin ejjennoo isaanii fudhachuuf dhaabbataniiru. Hanga Guyyaa Fuula Kee dura dhaabataniitti yoomiyyuu dhugaa irra haa jiraatan, sana booda Sagaleen jaalalaa sun akkas jedha, “Eeyyee, guyyaa tokko Baaton Roogee keessatti, ykn bakka xiqqoo Denhaam Ispiriingis jedhamu keessatti, Anaaf dhaabbateera, Abbaa, amma isaaf, ykn isheef nan dhaabbadha.” Raawwadhuuf, Gooftaa. Isaan kan Keeti, Maqaa Yesusiin. Ameen.

Dhaabachuu keessaniif, Waaqayyo isin haa eebbisu. Waaqayyo yoomiyyuu. . .

¹³⁸ Amma waan tokko naaf godhaa. Yoo naannoo tiksooni jiran jirtu ta’e, barbaadaa, muraasa isaanii ilaalaatii, waliin haasa’aa. Yoo hanga ammaatti cuuphaa Kiristaanaatiin, hin cuuphamne ta’e, amma cuuphamaa. Amantootatti dabalamaa, amantoota dhugaatti, amantoota-fakkeessaa miti; amantoota dhugaatti.

Osoo kadhachaa jirruu, marrabii kana irratti haa kadhannu.

¹³⁹ Abbaa keenya Waaqarra jirtuu, marraboonni kun amma asii ni deemu; eessa akka deeman, ani hin beeku. Tarii abbaan qaro dhabeessi dulloomaan tokko bahee iddoo wayii marga xiqqoo keessa taa’ee, marrabii kana eegachaa jira; daa’imni xiqqoon siree hospitaalaa irra ciisee; haati rifattee, dhaabatee, marrabiin deebi’ee dhufuu eegaa jirti. Abbaa keenya Waaqarra jirtuu, akka Ati isaan waliin deemu nan kadhada. Har’a mallattoo Argamuu keetii, akkasumas akka Sagalee Kee lallabneetti amanti nuti Si irratti qabnu, amantiin Abrahaam keessa ture, amantiin Yesuus Kiristoosiin qophaa’ee nuuf kenname; marrabii kanaa wajjin deemee isaan irra bu’ee hunda isaanii haa fayyisu. Maqaa Yesusiin isaan ergina. Ameen.

¹⁴⁰ Amma yeroo muraasaaf, osoo toora kadhannaa hin waamin dura. Waaqa hundumaa dandeessuu fi Waaqa Jabaa, Tokkicha Guddaa, Hundaa kan Geessu. . . Mee, hiriyyoota koo, Ani—ani dhukkubsattootaaf kadhachuu jalqabuufi, Anis. . . Tarii, yeroo gadi buunu, ani—ani Tarii homaa isiniin jechuu dhiisuun danda’a; gariin keessan yeroo sana dursitanii deemu dandeessu. Maaliyyuu ta’aa, yeroo muraasa dura, yoo hin dhaabbanne, yoo mirkana’aa hin taane. . .

¹⁴¹ Yoo miseensa waldaa taate, sun waan gaariidha, garuu gahaa miti. Hubadhaa, bulchaan dargaggeessi soressi sun miseensa waldaa ture. Hubattanii? Jireenya Bara Baraa argachuuf maal gochuu akka qabu Yesusiin gaafate. Inni tasayyuu Isa hin fudhanne. Achii deeme. Dargaggeessi sun waan gowwummaa akkamii godhe. Qooda isaa hin fudhatinaa. Ni yaadattuu yeroo dhuma inni itti adda bahe? Yeroo xiqqoo booda, ni badhaadhe. Caalaatti duroome. Hanga manni kuusaa isaa illee guuttee bakka dhabutti gahe. Sana booda garuu adda baafamuu isa dhumaatti,

si'ooliin, ibidda nama dhiphisu keessatti argame. Kun isin irratti akka ta'u hin, hin hayyaminaa. Kiristoosiin fudhadhaa.

¹⁴² Isin dargaggoota nana, isin shamarran nana, ijoollee dhiiraa, maaloo adeemsa jireenyaa keessatti, kana godhaa. Akka—akka obboleessa keetti, akka nama si jaallatu tokkootti, na dhaga'i. An kanan as jiruuf waanan si jaalladhuufi. Waaqayyoon nan jaalladha, sinis nan jaalladha, yoon si hin jaallanne Waaqayyoonis jaallachuu hin danda'u.

¹⁴³ Yoo yaada kennitan qabaattan, ilma kootti himaa, ykn ijoollee koo keessaa tokkotti akka himtan baay'een filadha. Mee an. . . Ani, Ani dhiisee nan deema. Maatiin kamiyyuu akkas ni godha; Waaqayyos akkasuma. Argitanii? Saba Isaa jaalladhaa. Wal jaaladhaa.

¹⁴⁴ Ati, “Maaliin isaan ifatta?” jetta. Jaalalli dhugaan nama sirreessa.

¹⁴⁵ Yoo mucaan keessan karaa irra taa'ee jiraate; isin akkas jettu, “Tole, achi Juuniyeriitu taa'a. Inni akkas gochuu hin qabu, garuu miira isaa miidhuu hin barbaadu.” Ati isa hin jaallattu. Inni achitti ajjeefama. Yoo jaallatte, manatti galchitee, reebda. Akka ajajamu goota.

¹⁴⁶ Kun karaa Waaqayyo itti hojjetudha. Jaalalli sirreessaadha, kun immoo jaalala dhugaadha.

¹⁴⁷ Lallabaan yammuu barsiisuu dubartoonni rifeensa akka murtan, akka halluu dibdani fi uffata gabaabaa fi waan akkasii uffattan yoo hayyame, yoo isin hin sirreessu ta'e, jaalalli dhugaan achi hin jiru; kanaaf sana bakkeetti hin baasu. Isin dhiironni yeroo sadii ykn afur fuutani, wantoota biroo hundumaa gootani, waliin jiraattu; jaalalli dhugaan achi hin jiru. Waldaa tokkotti yoo makamte, dugda kee si rurukutaa, sirna amantii tokkoon si liqimsu, akkas jechaa, “Kan ati gochuu qabdu, waldaa qulqulleettiitti makamuu qofa,” jaalalli achi hin jiru. Ykn, immoo, ofii isaatii, namichi guutummaatti badeera, hin argu.

¹⁴⁸ Jaalalli dhugaan sirreessaa dha, gara sagalee Waaqayyoottis isin deebisa.

¹⁴⁹ Yesuusiin ilaalaa, akkamitti, maal akka Inni jedhe, 'sababa baay'ee isaan jaallateef, bakka isaanii bu'ee du'e, yeroo isaan Dhiiga Isaa barbaadaa turanitti illee.

¹⁵⁰ Amma Hafuurra Qulqulluu isa guddaa. . . Daqiiqaa tokkoof eeguun barbaada. Osoon hin jalqabin dura, hanga dibanni hafuura qulqulluu narra dhufuttin eegaa jira. Ani lallabaa tureera. Tumsa keessaniif, galatoomaa.

¹⁵¹ Amma, hundi keessan, gamoo keessaa bakka kamiyyuu kan jirtan, bakka jirtan hundatti, daqiiqaa tokkoof kadhadaa, akkas jedhaa, “Gooftaa Yesuus, na gargaari! Na gargaari! Maaloo uffata Keen tuqa.” Yesuus akkas jedhe, beektu,

yeroo dubartittiin uffata isaa tuqxetti, qaamaan, Isatti hin dhaga'amne, garuu garagalee eenyu akka taate fi maal akka goote bare. Waaree kana boodas Yesuus Inni isuma sana, Angafa Lubaa isa miirri dadhabbi keenya itti dhaga'amu dha.

¹⁵² Amma tokkoon tokkoon keessan, Waaqayyo inni kakuu kana gale, dhugaa ta'uu isaa, al tokkoo fi isa dhumaaf (Inni agarsiisuu danda'aa) bara Sodoom keessa akka jirru, ni amantuu? Meeqan keessantu kana amana, gamoo keessaa, harka keessan ol baasaa.

¹⁵³ Nuti akka dur Sodoom keessa turetti, har'a jiraachaa jirra. Sirni addunyaa, wanti hundi, sirni waldaa, sirni siyaasaa, sirni jiru hundi faalameera. Homtuu hin jiru. Siyaasni manca'ee jira. Sirnoonni, bakka hundatti, abbootiin irree keenya, hunduu malaammaltummaa dha. Waldaanis akkasuma taateetti. Maatiinis akkasuma ta'aniiru. Malaammaltummaa qofa, Sodoom!

¹⁵⁴ Sana booda, yaadadhaa, Waaqayyo kana isin dura argeera, sana booda foon namaa keessaan akka of mul'isuu, fi akkuma Sodoomiin dura godhe harras akka godhu kan inni dubbate yaadadhaa, osoo Ilmi abdachiifame bakka sanatti hin dhufin dura. Akkuma jalqaba irratti godhe, Ilma abdachiifame sanaaf nama karaa qopheessu, kan Isa beeksisu erguudhaaf kakuu galeera; akkas jedhe, "Yeroo Ilmi namaa mul'atutti."

¹⁵⁵ Ani isin hin beeku. Tole, Miis Toompisan, rakkinaa fi dhibee dubartootaa irraa, Waaqayyo akka si fayyisu ni amantaa? Amanuu ni dandeessaa? Ni ta'aa? Miis, Miis Toomaas, akka Inni si fayyisu ni amantaa? Egaa, Harka kee ol kaasi.

¹⁵⁶ Shamarreen tokko duuba kee taa'aa jirti. Isheen kadhachaa jirti. Dhukkuba artiraayitis jedhamu qabdi.

¹⁵⁷ Tokko kan ishee cina taa'ee jiru, rakkoo garaa qaba, kadhataas jira. Of keessaa dhabuuf jirta, hin argitu. Ati as irraa miti. Mississiippii irraa dhufte. Isin Obbo Istiriinjeri fi Aadde Istiriinjeri dha. Garaa keessan guutuun yoo amantan Yesuus Kiristoos isin fayyisa. Yoo itti amanuu dandeesse. Ni amantaa? Sana booda fudhachuu dandeesa. Tole. Sabni si ta'uu akka arganiif harka kee ol kaasi.

¹⁵⁸ Ani namoota sana hin beeku. Jireenya koo keessatti, isaaniin argees hin beeku. Amanuu qabdu, hiriyootako. Inni eenyummaa isaa mul'isaa jira. Laphee kee guutuudhaan, kana ni amantaa?

¹⁵⁹ Maaliif mataa kee raastee, akkasitti na ilaalta, gooftaako? Eeyyee, gooftaako. Kana waan gooteef, mee daqiiqaa tokkon si waliin haasa'a. Namni umuriin raagde tokko as teessee, na ilaalaa jirta. Inni garaa qulqulluudhaan, na ilaala. Amaneera. Nama dhiigni sammuu keessatti dhangala'uuf kadhachaa jirta. Garuu—garuu dhimmi guddaan ati kadhachaa jirtuuf, cuuphaa Hafuura Qulqulluu barbaadda, barbaadaa jirta. Kun sirriidha. Haa-haah. Kun sirriidha. Yoo amantan! Shamarree, hojii barbaadaa jirta. Kana malees, ani raajii Waaqayyoo, ykn

garba isaa ta'uu koo akka beektuuf, si'a lama baqaqsanii hodhuu godhatteetta. Haalli gosa hundaa fi rakkinni hafuuraa. Dadhabduu si taasiseera. Hundi isaa akka xumurame sitti himuun barbaada. Amantiin kee si fayyiseera.

¹⁶⁰ [Teeppii irratti bakka duwwaa—Ed.] . . . si cina achi teessee jirti. Kadhachaa jirti. As ilaali. Inni si dhaga'e, atis immoo Isa tuqxe. Ani si hin beeku, Inni garuu si beeka. Waan kadhachaa turte sittan hima. Laphee kee guutuudhaan ni amantaa? Rakkoo ujummoo fincaaniitu si mudate, kanaaf kadhachaa jirta. Waaqayyo akka si fayyisuu fi nagaa si godhu ni amantaa? Ati Aadde Ismiizi dha. Kun sirrii dha. Harka kee ol kaasi.

¹⁶¹ Hubadhaa, Inni eenyummaa isaa ibsaa jira. Maal inni? Inni Sanyii Abrahaamidha, amantii Abrahaam qabu, Gooftaan Yesuus Kiristoos nu gidduu jiru, milikkitoota hordofaniin, Dubbii Isaa kan mirkaneessuudha.

¹⁶² Eenyu, kaardii meeqatu kadhatamuuf kenname, harka keessan ol kaasaa, kaardii kan argattan? Oo, toora kadhannaa jalqabuu wayya.

¹⁶³ Argitee, siif gala mitii? Amma hafuura sana qofa miti. . . Sun hin fay'isu. Sun as jiraachuu Isaa qofa adda baasa. Tiksooni keessan dhukkubsattootaaf kadhachuuf aangoo wal fakkaatu qabu. Isaan akkas hin godhan; lakki, akka hin goone beekamaadha. Garuu isaan—garuu isaan aangoo wal fakkaatu qabu, “Mallattoowwan kun amantoota ni hordofu.”

¹⁶⁴ Amma tiksoota hiriyaa koo taatan asittan isin barbaada. (Hunduu sirriidhaa, amantoota keessaa waamaa . . . ? . . .)

¹⁶⁵ Tiksooni as jirtan meeqatu laphee guutuudhaan amantu, tajaajiltoonni as keessa jirtan, ni amantuu? Ooh, galatoomaa. Ni dhaabbattu jedheen yaada? As koottaa, daqiiqaa muraasaaf na waliin dhaabbadhaa, as kottaatii, dhukkubsattootaaf kadhachaa. As gadi kottaa. Amma yeroo fayyinni ta'u ilaaltu, maal akka ta'u ilaaltu.

¹⁶⁶ Akka isin dhuftan nan barbaada, toora da—dachaas asitti uumaa. Dhukkubsattootaaf kadhachuuf, yeroo muraasaaf achitti gad nan bu'a. Tiksoota amantii qaban kan amanaa ta'uu isaanii adda baasuu barbaadan nan barbaada, kan amantan, as dhufuun keessan, waan jireenya qulqulluu fi xurii hin qabne jiraachaa jirtaniif. Yaadadhaa, Wangeela Kiristoos bakka bu'uun, maaltu akka dhufaa jiru ilaalaa!

¹⁶⁷ Obboleessa Bileer, achittin si beeka, siin ykn Obboleessa Paat. Toora dachaa akkaataa yeroo baay'ee uumtutti ni sirreesitaa, yoo feete, sii fi Obboleessa Paat.

¹⁶⁸ Tiksoota amantii qaban kan amanuuf deeman! Amma, ilaalaa, Waaqayyo akkasitti Sagalee isaatiin, Sagalee isaatiin eenyummaa isaa adda baasuu yoo danda'e, meeqan keessantu beeka Macaafni Qulqulluun, Yesuus akkas jedhe,

“Mallattoowwan kun warra amanan ni hordofu. Harka isaanii warra dhukkubsatan irra yoo kaa’an, ni fayyu”? Tiksootaa, amantoota ta’uu keessan adda baasuuf as dhuffan. Akkasidhaa? Isin amantootadha (akkas mitii?), silaa as hin dhaabbattan ture. Yesuus maal jedhe? “Mallattoowwan kun warra amanan ni hordofu.” Ani isinii wajjin amanaa dha.

¹⁶⁹ Ani gadi dhufaan jira. Isaan kun saba keenya, nuti immoo tiksoota karra kanaa ti. Amma kiyyoo koo isin waliin diriirsuuf, harka koos isin waliin irra kaa’uuf gadi dhufaan jira. Namoonni kun yeroo gara kee dhufan, yaada kee keessaa shakkii xiqqoo yoo qabaatte, amma of keessaa baasi; namoonni kun as yeroo dhufan, tokkoon tokkoon isaanii yeroo dhufanii darban, nuti immoo harka irra keenya, isaanis ni fayyu. Laphee keessan guutuudhaan ni amantuu, hunduu?

¹⁷⁰ Warri kaaniif akka isaan darbaniin kan kadhachuuf deemtan meeqatu as keessa jirtu, harka keessan ol kaasaa, “Nan kadhadha.”

¹⁷¹ Yaadadhu, abbaa kee, haadha kee, intala kee ykn ilma kee, obboleettii kee ykn obboleessa kee ta’uu danda’a. Yoo kan kee hin taanes, kan toora kanaan dhufu, kan nama tokkooti. Kaansariidhaan, ykn dhukkuba hin taanee tokkoon kan du’aa jiran, yoo isaan ta’e maal goota, namootaa garaa qulqulluu qabaachuu hin barbaaddanii? Akkas akka goonu, beekamaa dha.

¹⁷² Amma, nan amana, akkamitti akka deemtan. . . Amma tarree *kana* keessa kan jirtan, karaa kanaan, bukkee *sana*, kaardii kadhannaa qabattanii dhaabbattu. Warri gara mirgaa jirtan hundi, gama sanan achi dhaabbadhaa. Amma, karaa, gara bitaa qabadhaa; hunda keenyatti dhiphateera, argituu, akkamitti, maal akka hojjenu hin beektani. Tole, kan gara *kana* jirtan hundi, *as* dhaabbadhaa. Amma, warri gara harka-mirgaa keessa jirtan hundi, karaa kana qofaan kottaa, ‘sababni isaa gadi dhufaa jirtu, naanna’aa koottaa.

¹⁷³ Akkamitti deemaa jirta, akkamitti bakkeetti ba’u, Obboleessa Boordersi? Balbala bukkeen keessaa ba’aatii, ammas naanna’aa gamoo keessaan koottaa.

¹⁷⁴ Kanaaf, yeroo gamni *kun* waamamu, daqiiqaa muraasa keessatti, isaanis ni dhaabbatu. Amma maal akka ta’e haa ilaallu. . . Tole, warri kutaa *kana* keessa jirtan, gama kanaan garasitti garagalaa. Kaardii kadhannaa keessan qabadhaatii, gama kanaan darbaa. Warri barandaa jala jirtan, dhuma toora achi jiru irratti dabalamuuf gadi bu’aa. Amma kunniin warri harka-bitaa, gara harka-bitatti ol deemaa. Sana booda, argitanii, sarara keessan uumtanii karaa *sanatti* deebitu; duubatti deebitu, gara *sanatti* garagalaa. Argituu? Sarara sana sirriitti hordoftu, sana booda tasuma wal keessa makamuun hin jiraatu.

175 Isin warri barandaa jalaa, naannoo keessanitti karaa darbaa tolchaa, akkasumas akka isaan keessa darbaniin keessa gadi dhuftu.

176 Amma, amma dudduuba irra deemuu jalqabaa, tokkoon tokkoon keessan, hamma sarara kanaan naannoo *kanatti* walitti dhuftanitti dudduuba irra deema. Ol *asitti*, naanna'aa kottaa, naannoo sanaa deemuu jalqabaatii gara sarara kanaatti *asitti* dhuftu.

177 Oo, yeroo ammaa kana maaltu ta'uu danda'a! Maaltu ta'uu danda'a! Yeroon kun yeroo itti wanti tokko ta'uuf deemuu dha. Tole.

178 Amma, sirrii dha, karaa *sanarra* dudduubatti deebi'aa, akkasitti, sarara keessa seenaa. Karaa kanarra naanna'aa. Kun amma karaa dha.

179 Amma immoo yeroo namni hundi miila isaatiin, dhaabbatee, kadhannaa dhiheessinu dha. Amma immoo akka isin fayitaniif, waldaan kun na waliin kadhattu. Amma amantii qofa qabaadhaa. Akkasumas hin . . .

180 Naanna'aa, karaa duubatti deebi'aa, naanna'aa koottaa hiriira kanaan asitti deebi'aa. Naanna'aa koottaa, hiriira guddaa tokko tolchaa. Karaa *sanarra* kottaa, sarara tokkos tolchaa. Kana.

181 Hunduu haa kadhannu. Amma dhugumaan amantii keessa ta'aa. Dhimma tuuta kanaa hin godhatinaa. Yaadadhaa, nuti—nuti Argamuu Yesuus Kiristoosiin haguugamnee jirra, Sagalee Isaa irratti amantii qabaachuudhaan, nurra dhaabbatee waan Inni nu gidduutti hojjete kabajuuf.

182 Sun gaarii dha. Amma gaarii ta'a. Toorri kun waan ajaa'ibaa keessa seena jedheen yaada.

183 Amma osoo hundi isaanii dhaabbatanii, amma namni hundi, gamoo keessa jirtan, mataa keessan akka gadi qabattan nan barbaada.

184 Yeroo dhiyootti ni ta'a, Gooftaa Yesuus. Murteen yeroo ammaa kana ta'u qaba. As jiraachuu kee haa amannuu? Si jaalannuu? Yaa Gooftaa, waan gaafachaa jirruuf amantii gahaa qabnaa? Namoonni kun toora keessa dhaabachuun eenyummaa isaanii adda baasaa jiru. Gooftaa, akkasumaan hin ta'in. Yaa Gooftaa, isaan yeroo asiin darban, hundi isaanii akka Kiristoos biraan darbaan, haa ta'u, sababni isaa Inni as jiraachuu beekna. Akka isaan fayyanis ni kadhanna. Torbanitti ykn torban dhufan keessattillee, namoonni kun gara tiksoota isaanii akka deeman nan beeka, dubartoonni dhibee dubartootaa qaban, dhibee garaachaa, dhiironni piroostaatii qaban, rakkina gosa hunda kan qaban, fayyanii, "Beektaa, waan sun amma na dhiiseera," haa jedhan, isaan Fuula Kee dura waan jiraniif. Amma itti haa dhufan akkasumas—akkasumas kan Ati duuteef kanas

kaasi. Isaan Sanyii Abrahaam, warra Ati injifatteefidha. Isaanis dhufanii waan ati isaaniif kennite haa fudhatan.

¹⁸⁵ Akkasumas, Seexanaa, hanga uumama mo'ame ta'uu kee beektutti, torban kana saaxilamteetta. Yesuus Kiristoos Qaraaniyoo irratti si injifateera. Guyyaa sadaffaattis, qajeelummaa keenyaaf ka'eera, ammas nu gidduu dhaabatee jira. Amantiin keenyas gara Isaa ilaala, si irraa ykn waan ati hojjetta hundumaa irraa haa fagaatu. Maqaa Yesuus Kiristoosiin, namoota kana gadhiisi.

¹⁸⁶ [Teeppii irratti bakka duwwaa—Ed.] . . . ? . . . Akka Gooftaan nu ajaje gooneerra. Kan toora kana keessa darbitan meeqan keessantu, akka fayyitan amane, harka keessan ol kaasaa. Anis isinitti dabaleen ol kaasa.

¹⁸⁷ Waan achitti hojjechaa turre, dhumarratti, akka garee tajaajiltootaatti; baay'een isaani dhukkubsataa turan, ani beeka, garuu waldaan isaani akka seenan carraaqanii gochuuf yaalaa jiru, seenanis seenuu baatanis. Warri kun tiksoota dhugaati. Hafuurri Qulqulluunis “akka isaan harka walqabatan taasisi” naan jedhe. Laphee fi kiyyoo keenya walitti hidhanne, kadhannaa keenyas, waliin goona.

¹⁸⁸ Yesuus, isaaniinis fayyisi. Tiksoota ciccimoo fi Sagalee Gooftaattis ciccimoo isaan taasisi.

¹⁸⁹ Yaa obboolota koo, Waaqayyo, hawwii laphee keessanii hunda isiniif haa kennu. Tajaajiltoota tuuta namoota gaarii kana tajaajiltaniif, guyyaa hundumaa Isa tajaajilaa, jireenya keessan keessattis humna Waaqayyoo argadhaa. Yesuus Kiristoos, Inni nu waliin jiru, yeroo hundumaas isin waliin ha jiraatu, Inni yeroo kamiyyuu caalaa isin biratti Of haa mul'isu.

¹⁹⁰ Isin namoonni, gariin keessan warri okkolaa turtan, yeroo muraasaaf garaagarummaa arguu dhabuu dandeessu, garaagarummaa tokkollee arguu dhiisuu dandeessu. Mee waan Abrahaam godhe ilaalaa. Garaagarummaa tokkollee hin uuminaa; sun waan isin ilaaltan miti. Mallattoo isinirra jiru hin ilaalinaa. Waan Inni jedhe ilaalaa. “Ammallee dhukkubbiin natti dhagahama,” yoo jettan, kun waan tokkoyyuu hojjechuu hin danda'u. Waan Waaqayyo godhi jedhe gootaniittu. Hubadhaa, sana hin ilaalinaa. Waan Inni jedhe ilaalaa. Waan Waaqayyo jedhe ni ta'a! Ani nan amana. Isinoo? Laphee koo guutuudhaan, nan amana.

¹⁹¹ Hangan deebi'ee isin argutti Waaqayyo Gooftaan isin haa eebbisu. Isiniif nan kadhada; halkan baay'ee isinitti hin dukkanaa'in, roobni garmalee isinitti hin roobin. Isiniifan kadhada. Isinis naaf kadhadaa. Hanga wal arginutti Waaqayyo isin haa eebbisu. Amma obboleessi isin tajaajila, ilaalaa.



QORUMSA BOODA KARRA DIINAA DHAALUU ORM64-0322

(Possessing The Gate Of The Enemy After Trial)

Ergaan kun karaa Obboleessa Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaam, jalqaba Afaan Ingiliffaatiin kan darbe Dilbata waaree booda, Bitootessa 22, 1964, Haay Iskuulii Deenhaam Ispiriingisitti kan Deenhaam Ispiriingis, Luuziyaanaa, U.S.A., jiru keessatti yoo ta'u, teepii maaginetiin kan waraabame irraa fudhatamee osoo hin gaggabaabbatin Afaan Ingiliffaatiin kan barreeffamedha. Maxxansa Afaan Oromoo kana hiikee kan rabse Voice Of God Recordings dha.

OROMO

©2024 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS

P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.

www.branham.org

Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. Box 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org